Dambii Lak. 179/2008

**Dambii Waajjjira Bulchinsaa fi Eegumsa Iddoola Hambaa Dirree Sheek Huseen Hundessuuf Bahe Lak.157/2005 Fooyyessuuf Dambii Bahe**

Safartiin ka'umsa daangaa fi bal'inni lafa Iddoola Hambaa Dirree Sheek Huseen jalqaba yammuu fudhatamu iddoowwan Hambaa kanaa guutummaatti waan hin hammanneef, kaartaa Iddoola kanaaf qophaa'ee waliin akka wal gituu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk.163/2003 keewwata 65(2)tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

1. **Mata Duree gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Waajjira Bulchiinsaa fi Eegumsa Iddoola Hambaa Dirree Sheek Huseen Hundessuuf Bahe Fooyyessuuf Bahe Dambii Lak. 179/2008 "** jedhamee waamamuu nidanda'a.

2. **Fooyya'iinsa**

   **Dambiin lak.157/2005 keewwatni 9 akka armaan gadiitti fooyya'ee jira:**

**9(1)'** Iddoolli Hambaa Dirree Sheek Huseen lafa bal'ina daangaa fi iddoola Ijoo dabalatee akka waliigalaatti lafa hektaara 19,472 (Kuma kudha sagalii fi dhibba afurii fi torbaatamii lama) kan qabaatu ta'ee, kallattii afraniinuu akkaataa armaan gadiitti ibsameen ni daangeffama:

a) Kaaba Bahaatiin;- 677577.268 _ 866821.952m
b) Kaaba Lixaatiin;- 694009.111 _ 867137.673m
c) Kibba Bahaatiin-; 678030.88 _ 847053.125m
d) Kibba Lixaatiin;- 694604.198 _ 847045.231m

**9(2)' Daangaa Iddoola Ijoo Hambaa Dirree Sheek Huseen:**

a) Iddoola ijoo qe'ee yookiin Anaajinaa bal'ina lafa hektaara 880 kan qabaatu ta'ee, kallattii afraniin akkaataa armaan gadiitti ibsameen ni daangeffama:

| Maqaa kallattiiwwanii | GPS (Global Positioning System) coordinates | Maqaa Bakkichaa |
|---|---|---|
| Lixaan | 07° 43.876'N | Keellaa (Daandii Roobee-Baalee irraa Harargee Geessu) |
| | 40° 42.023'E | |
| Kaabaan | 07° 44.560'N | Haroo Saatkoon (Daandii Harargee – Arsii geessu) |
| | 40° 41.049'E | |
| Kibbaan | 07° 44.112'N | IjaYabaa (Daandii Beeltuu geessu) |
| | 40° 42.320'E | |
| Bahaan | 07° 45.062'N | Mazgiida Sheek Muhaammad Miskii |
| | 40° 42.910'E | |

b) Iddoola ijoo Mazgiida Baallaa bal'ina lafa hektaara 1.1689 (Tokko fi tuqaa 1689/100) kan qabaatu ta'ee, kallattii afraniin akkaataa armaan gaditti ibsameen ni daangeffama:

| Kallattiiwwan ijoo Arfan | Qabxiiwwan ka'umsaa (points taken at the wall of building) | Qabxiiwwan xumuraa (End points/ points taken %0 meter away from the building) |
|---|---|---|
| Kaabaan | 07° 41.299'N | 07° 41..323'N |
| | 40° 41.255'E | 40° 41.249'E |
| Bahaan | 07° 41.301'N | 07° 41.325'N |
| | 40° 41.282'E | 40° 41.292'E |
| Kibbaan | 07° 41.277'N | 07° 41.251'N |
| | 40° 41.283'E | 40° 41.295'E |
| Lixaan | 07° 41.278'N | 07° 41.260'N |
| | 40° 41.254'E | 40° 41.234'E |

**3. Seerota Raawwatiinsa Hin qabaanne;**

Dambii, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti haammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**4. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu.**

Dambiin kun **Ebla 24, Bara 2008** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadir

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

**Ebla 24,** Bara 2008

Finfinnee